



Dhugaa waa'ee  
gogina garaa

Qajeelfama gogina garaa gargaaruuf  
dabalamu, faaybar, dhangala'aa fi sochii  
godhuu baayyisuu!

## Wantoota goggogina garaa irraatti beekamu qabaatan.

**Udaan goggogaa jabaat** (adeemsa bobbaa ykn udaanii)

kan bahuuf jabaatan mallattoo goggogina garaa irraa  
ta'uu mala.

- Rakkoon kun goggogina garaa irraa malee waan  
biraa irraa akka hin ta'in doktora keetii waliin mari'adhu.
- Waa'ee guyyaa guyyaan bobbaa qabaachu hin yaada'iin.  
Yoo udaan laafaa ta'e goggogina garaa irraa ta'uu  
dhabuu mala.
- Dawaan karaa udaanii laaffisan, zayta, kiniina  
hudduu, dhangala'aa tuubboon huddutti  
naqaman hanga doktorri kee siif ajajuutti hin  
fayyadamin.



### Wanni goggogina garaa fidu:

- Dhangala'aa gahaa dhuguu dhabuu.
- Sochii gahaa godhuu dhabuu.
- Qoricgoota tokko tokko.
- Qaamni sababaa aqqisuu, leyduu, ykn dhangala'aa gahaa dhabuun goggoguu.
- Nyaata faaybar gahaa hin qabne nyaachuu.
- Haalota fayyaa tokko tokko (doktora keetii waliin qoradhu).
- Foormulaa daa'imaa kan dogongoraan makame.

**Nyaatiwwan faayibarri qaban barbaachisaadha.** Faayibarri goggogina garaa gargaara.

Sababiin isaas innis qaama nyaataa nuti daakuu hin dandeenye ta'eefu — bobbaan akka  
laafuuuf gargaara.

### Yaada beektonni kenu

Nyaata faaybar hedduu qaban nyaadhu, dhangala'aa hedduu dhugi, ammas  
taasisi socho'i (akka daddeemuu faa).

# Nyaanni Vitaamina faayl

## Callaa midhaanii



- 100% daabboo qamadii
- Koshoroo midhaanii
- Keeka midhaanii
- Qixxaan boqqolloo

## Midhaan



- Ruuza bunnii
- Qincee
- Baasxaa qamadii
- Midhaan biroo

## Baaqilaa fi looza



- baaqelaawwan
- Baaqilaa gurraacha
- Harikkoo ykn baaqilaa adii
- baaqilaa kalee (Kidney beans)
- Atara goggogaa (fuul)
- Misira
- Shumburaa
- Dhadhaa loozaa

## Muduraalee ga



## Ho'aa

- Piir (Pears)
- Burtukaana
- Tuffaah
- Goraa
- Goraa gurracha
- Raasberii (raspberries)
- Baxxiikh



Ijjoolle umurii 4 gadi akkaawii boqqolloo dhoohu irraatti wacuu, ocholonii, qola kudu

# bar joollee fi dargaggoof.

## bilchaate



## Ciree oomisha midhaanii



- 100% Oomisha midhaanii bassoo
- Oomisha midhaan qamadii daakame.
- Oomisha midhaan qamadii
- Ajjaaj ykn muuqji
- Oomisha midhaanii kan biroo

## oggogaa fi haaraa



## Raafuuwwan



## Goge

- Kuukii jaldeeysaa
- Zabiiba
- Harbuu (figs)
- Kuukii
- Piir (pears)
- Kookii (peaches)
- Tuffaah

- Kaaroot
- Atara
- Dinnichaa
- Baaqilaal magariisa
- Boqqolloo
- Baala (greens) kan bilchaate (raafuu ykn baala (greens) kan biroo)
- Daraaraa raafuu (broccoli)
- Raafuu adii
- Qoosxaa
- Dubbaa
- Ujuree
- Kudraalee biroo

# Qajeelfama Nyaataa fi Ciree kan Goggogina Garaa Gargaaran



## Yaada Faxaraa ykn Ciree

- Keeka bassoo ykn oomisha midhaan bassoo – ijoollees xixiqqoof, oomisha midhaan bassoo (cereal flakes) qorii keessatti xixiqqeessitee caccabsuun osoo hin dhiheessine dura daqiqaa muraasaaf aannan itti naqqi.
- 100% cunfaa mudraa, akka kuukii jaldeessa tuffaah, ykn piir (pear)
- Ajjaa zabiiba ykn mudraa goggogaa biroo wajjin
- Kuukii, goggogfame, ykn xaasaa keessaa kan sukkara hin qabne

## Yaada Ciree

- Koshoro mudraa
- Koshoro midhaanii mara
- Midhaan bilchaale dhadhaa ocholonii wajjin
- Mudraa ykn kuduraa haaraa (fireesha)
- Ciree koshoro oomisha midhaanii fi mudraalee goggogan wal keessa



## Yaada Iaaqanaa

- Saandusha daabboo qamadii 100% fi kudraalee, akka timaatimii fi salaxaa
- Qixxa boqqolloo ykn qamadii baaqilaa dalagame waliin
- Shumburaa daakame koshoro midhaanii waliin

## Yaada Hirbaataa

### Callaa midhaanii qorii ijoo kee keessatti fayyadami

- Qixxa ykn faxiiraa midhaan callaa ykn qixxa waliin
- Baasxaa callaa midhaanii waliin

### Cinatti saanaa godhii midhaan callaa, kudraalee, fi mudraalee akka:

- Kudraa haaraa bilchaate. Dubbaa ykn ujuree, kaaroot ykn baaqilaa magariisa yaali.
- Ruuza bunnii ykn qincee
- Salaxaa magariisa ykn salaxaa mudra



## Daa'imman ji'oota 6 gadiitiif

Daa'imman baatii duraa, soorata hunda booda ykn guyyatti yeroo xiqqa udaanuu danda'u. Baatii tokkoon booda daa'imman guyyaa guyyaan udaanuu irraa xiqqaata ykn guyyaa xiqqa udaanan.

- Daa'imni kee aannan harmaa ykn foormulaa qofa barbaada. Aannan harmaa ykn foormulaa gahaa argachuu jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuuf doktora kee ykn WIC waliin mari'adhu.
- Yoo foormulaa kennaafii jiraatte foormulaa siritti maki. Qajeelfama xaasaa gubbaa jiru laali.
- Foormulaa doktora kee ykn hojjattoota WIC dubbistu malee hin jijjiirin. Foormulaa jijjiiruun yeroo hedduu daran rakkoo uumuu danda'a.



## Daa'imman baatii 6 olii

- Daa'imni kee daran akka cimu gargaari. Miila daa'imaan akka nama baaskila oofutti sochoosi. Daa'imni akka socho'u ykn afraniin lafarra deemu hamilee kanniif.
- Daa'ima keetiif dhangala'aa wayyeessii keniif Kuukii jaldeessaa, awunsii 2, piir ykn cunfaa tuffaah bishaan awunsii 2 waliin laaqame, guyyatti yeroo 2 ykn bishaan buhaawaa awunsii 4 guyyatti yeroo 2.
- Daa'ima keetiif nyaata faaybar qaban kan akka mudraalee lallaafuu fi kudraalee lallaafuu bilchaatan wayyeessii keniif. Guyyuu mudraalee ykn kudraalee awunsii 2 hanga 4 kenuufii yaali.
- 100% hashara oomisha midhaanii (bran cereal) aannan harmaa ykn foormulaa waliin oomisha midhaan daa'ima keetitti dabaliif.

---

Daa'ima umurii maraa hundaaf, mallatttoolee akka dhukkubbii hamaa ykn udaan dhiiga qabu gogina garaatii waliin yoo irratti agartan gargaarsaaf doktora keessan qunnamaa.

---

## Daa'immanii fi Ijoollee Xixiqqoo

- Daa'ima kee nyaata gosoota addaa addaa faaybar ol aanaa qaban kenniif Keessattii daabboo midhaan callaa ykn oomisha midhaanii, kudraalee, fi mudraalee haarawni gaari.
- Nyaata lallaafaa daa'ima keetii keessatti faaybar hedдумmeessi (An itittuu ykn daabboo manatti dalagamte ykn keekaan fedha) ammallee oomisha midhaanii kanatti dabaluudhaan:  
Guyatti oomisha midhaan hashara 100% qamadii fi garbuu fallaana 1 hanga 3, ykn Mudraalee ciramee goge kan akka zabiibaa kuukii jaldeessaa ykn tuffaah ciramee goge fallaana 1 hanga 2.
  - Sochiin yeroo maraatis barbaachisaadha. Daa'imni kee guguyuu akka socho'ee taphatu mirkaneeffadhu.
  - Daa'ima kee dhangala'aa hedduu, keessattuu bidhaan guyuu kanniif. Cunfaa kuukii jaldeessaa tuffaah ykn piir.
  - Yeroo mara daa'imni kee akka bobbaa dhaqu gargaari. Yeroo nagayaa takka sagaraaf achi kaayi. Nyaata booda tarrii yeroo ittiin gaariiti.
  - Daa'imni kee yeroo bobbaa dhaquu feetu hamilee kenniif akka dhaqxu. Daa'ima kee hin jerjersin.



## Ijoollee gammadduu, garaa gammadaa

Ijoollee kee daabboo, oomisha midhaanii ykn baasxaa isaan jaalatan dhiheessiif. Kun karaa salphaa akka isaan midhaan callaa nyaatan godhu. Midhaan callaa faaybar ol-aanaa qaban nyaachuun yeroo hin jirre siif laaffisa.

- Mudraa haarawa
- keeka midhaan callaa
- mummuraa kaarootii xiqqo bilcheeffame
- Daabboo qamadii waadanii mummuran
- Buskuta ajjaa
- Oomisha midhaan callaa

## Muuqii Mudraa Manatti Hojjetamu

- Kubbaayyaa 3/4 ajja maramaa
- Bishaan qabbanaawaa kubbaayyaa 1-1/2
- Zabiiba fallaana 2
- Tuffaa; solleeffamee, firiin baafamee, cirame 1
- Qarfaa hurraa fallaana shaayii 1

Bishaan distii suugoo keessatti naqi bishaan fidii sadarkaa jiddu galaatti danfisi. Muuqii, zabiiba, tuffaah cirame, fi qarfaa walitti maki. Ibidda jalaa xiqqeysi daqiqaa 5 bilcheessi, amaa amma wali maki. Tajaajila 2.



## Nyaata Quubsaa

### Wantoota 6 dhiheessuu

- Baasxaa qamadii lb 1
- Raafuu Iswiss ykn qooscaa; muka irraa baasi, akkuma garte ciri.
- Qullubbii, ciramte firii 3
- Reyhaana goge hurraa fallaana guddaa 2
- Cunfaa mara waliin timaatim kubbaayyaa 2 kan cirame.
- Marakha kudraa soodiyamii gad-aanaa kubbaayyaa 3
- zeet zeytuun fallaana guddaa 3
- Ficaa qamadii fallaana guddaa 3
- Soogidda fallaana 1
- Barbaree fallaana 1/2

Akka qajeelfama xalayaan baasxaarra jirutti bilcheessi. San booda maxbashaa guddaa ibidda oowwa jiddu-galarra kaayi, zeeta fallaana guddaa 3 itti naqii wali kokorsi. Timaatima, qullubbii, baala raafuu, rahana fi barbaree itti naqi. Hanga baalli lash ja'ee timaatimis laaffatee cunfaa oomishutti taka godhi. Daakuu kudraalee irra facaasi hanga walitti makamii laaqi. Marakha suuta waliin dhawii laaqi Hamma soogoon danfitee furdattutti daqiqaa 5-8 walitti laaques itti fufi. Paastaarratti naqii dhiheessi.

**Akkeekkachiisa:** Joolleen umrii wagga 4 gadii looza, gogaa mudraa, mudraa gogee fi kudraalee jiraan hudhamuu danda'u. Raafuuwan hunda bilcheessi daa'iimootaa fi ijjoolee mucooliif.